| Qajeelcha Poolisii Minneapolis<br>Maanuwaalii Himaammataafi Adeemsaa | Lakkoofsa<br>7-800 |
|---|---|
| **Jildii Torba – Hojii Dirree** | |
| **Deebii Tooftawaa** | |

**7-805 Hoogganssa Tuutaa**

(01/05/23)

Imaammata kanaan duraa irratti fooyya'iinsa: (04/20/01) (08/17/07) (06/16/20) (08/21/20) (09/08/20) (10/31/20) (03/12/21) (01/01/23)

**I. Kaayyoo**

A. Fooyya'iinsi Jalqabaa Heera Mootummaa Yunaayitid Isteetis Ameerikaa akkas jedha, "Kongireessiin hundeeffama amantaa irratti waanta seera sana kabajuu hin kaa'u, ykn bilisaan akka hin fayyadamne hin dhorku, ykn bilisummaa dubbii ykn pireesii hin danqu, ykn mirga ummanni karaa nagaa walitti qabamuu fi furmaata argachuuf komii isaa Mootummaatti iyyachuuf qabu danqu kamiyyuu hin baasu."

B. Labsiin Mirgoota Heera Mootummaa Minnesota keewwata 1 jalatti mirga walabummaa dubbii fi bilisummaa pireesii ilaallata. Haa ta'u malee, heerri mootummaa naannoos ta'e federaalaa sochii yakkaa ykn doorsisa lammiilee, dhaabbilee daldalaa, ykn bu'uuraalee misoomaa murteessoo ta'an irratti raawwatamu hin eegu.

C. Qajelcha Poolisii Minneapolis mirga bu'uuraa namoonni hundi karaa nagaa walitti qabamuu fi mirga bilisummaa dubbii fi yaada ofii ibsachuu isaanii ni deeggara.

D. Kaayyoon imaammata kanaa yeroo yaa'ii ummataa fi Hojii Fooyya'iinsa Jalqabaa galma ga'iinsaa fi hojiirra oolmaa tarkaanfiiwwan seera kabachiisuu ilaalchisee hojjettoota MPDf qajeelfama kennuudha.

**II. Hiikaawwan**

**Yaa'ii:** Yaa'iin garee namoota kaayyoo waloo tokkoof bakka tokkotti walitti qabamuudha.

**Jeequmsa Siivilii:** Jeequmsi siiviilii, ajajamuu dhiisuu ykn nageenya dhabuu siiviilii jedhamuunis kan beekamu, yeroo walitti dhufeenyi ykn yaa'iin jeequmsa uumu, yeroo doorsisa waloo jeequmsa dhiyeenyatti dhufu kan of keessaa qabu yoo ta'uudha, kunis kanneen kan of keessaa qabu garuu kana duwaarratti kan hindageffamne kanneen akka haleellaa, miidhaa qabeenya guddaa, balaa ibiddaa fi miidhaa qaamaa namootarratti tahuudha.

**Qabduu To'annoo**: Qabduun to'annoo tooftaalee to'annoo lallaafaa harka duwwaa tahee rukuttaa kan of keessaa hin qabnedha.

**To'annoo Tuutaa:** Tooftaalee walgahii ummataa kan seeraan alaa irratti xiyyeeffachuuf itti fayyadaman.

**Kaayyoowwan To’annoo Tuutaa:** Tooftaa ykn meeshaa waraanaa fayyadamuun tuuta ykn yaa’ii marsuu, to’achuu ykn facaasuu.

**Meeshaa Waraanaa To’annoo Tuutaa:** Meeshaan waraanaa to’annoo tuutaa kan of keessatti qabatu meeshaa waraanaa kamuu tahe (ykn meeshaa akka meeshaa waraanaatti fayyadaman) jeequmsa siiviilii ykn walgahii ummataa seeraan alaa biroo furuuf kan gargaaru of keessatti qabata. Isaan keessaa kemikaalaa akka habaqii, meeshaa waraanaa keemikaalaa ykn meeshaa waraanaa qawwee keessaa bahu(CS ykn OC), meeshaa waraanaa ykn qawwee keessaa kan aarri itti bahu, rasaasa mallattoo (40mm kallattii, meeshaa waraanaa qawwee keessaa bahu dhiibbaa sirrii ykn jal’aa ykn rasaasa), rasaasa laastikaa, meeshaa waraanaa dhiibbaa (Ulee ASP, ulee jeequmsaa, biskileetii ykn kan biroo meeshaalee akka meeshaa waraanaa dhiibbaatti fayyadaman), fi meeshaalee sagalee salphaa yaada namaa jeeqan (meeshaa hin sochoone , kubbaa dhohinsa CS ykn OC). Hayyamni itti fayyadama meeshaa waraanaa to’annoo tuuta kutaa [D] armaan gadii keessatti ibsameera.

**Tarkaanfiiwwan Eeggataa Tuuta:** Gochoota eeggataa tuuta, sochoosuu ykn duubatti qajeelchuu, tuttuqaa sadarkaa humnaan dhiibuu ykn rukuttaa ol hin kaane.

**Ooggansa Tuutaa:** Tooftaalee walgahii ummataa seera qabeessa taatee tokko dura, yeroo taatee sanaa fi isa boodaa oogganuuf itti fayyadaman. Ooggansi tuutaa gartokkoon karoorfattoota taateewwanii fi hoggantoota garee waliin qindoominaan, hordoffii hayyamaatiin, akkasumas haala addaa dhiyaate irratti hundaa’uudhaan taateewwan tuuta namootaa kanaan duraa ilaalchisee raawwatamuu danda’a.

**Humna Ajjeechaa:** Humna qondaalli tokko itti fayyadamu kan qondaalli sun beeku, ykn sababa qabeessaan beekuu qabu, balaa guddaa du’a ykn miidhaa qaamaa guddaa geessisu uuma.

**Hiriira:** Walgahii namootaa adda durummaan sochii Fooyya’iinsa Jalqabaa irratti bobba’uuf gurmaa’e. Isaanis hiriira, mormii fi yaa’iiwwan biroo xiyyeeffannoo hawwachuuf yaadaman kan dabalatu ta’us, kanneen kana qofa irratti kan daangeffame miti.

**Gochaalee Fooyya’iinsaa jalqabaa:** Gochoonni Fooyya’iinsaa jalqabaa gosoota dubbii fi gocha ibsa yaadaa fi/ykn odeeffannoo dabarsuudhaaf, mufii ibsuuf, ykn karaa biraatiin namoota biroo waliin walquunnamuuf kan fayyadaman hunda kan hammatu yoo ta’u, ibsa afaanii fi afaaniin ala ta’e kan haammatuudha.

1. Hojiileen Fooyya’iinsa Jalqabaa waliigalaa kan of keessatti qabatu tahee, kana duwwaan hin dagaahan:
    - Dubbii (Speeches)
    - Hiriira bahuu
    - Dammaqiinsa
    - Bakkeetti bahuun dhaadannoo dhageessisuu
    - Ogbarruu raabsuu
    - Baanaroota ykn mallattoo agarsiisuu

- Tiyaatira daandii irraa, fi
- Bifa ibsa aartii biroo

2. Hojiileen kun hundinuu bilisummaa dubbii, waldaa, fi yaa'ii fi mirga mootummaatti iyyachuu kan of keessatti hammate yoo ta'u, Heera Mootummaa Yunaayitid Isteetis fi Heera Mootummaa Naannoo Minnesotatiin mirkanaa'eera

3. Mootummaan yeroo, bakka, ykn akkaataa dubbii eegumsa argate irratti uggura madaalawaa kaa'uu ni danda'a, daangeffamni qabiyyee dubbii qajeelfama qabu osoo hin eerin yoo ta'e, akka isaan karaa dhiphoo tahee tolfameen dantaa mootummaa guddaa tajaajilanitti , akkasumas isaan karaalee filannoo odeeffannoo hedduu itti dabarsan sana banaa dhiisa.

**Miidhaa Qaamaa Guddaa:** Miidhaa qaamaa carraa du'aa olaanaa uumu, ykn rakkoo hamaa uumu, dhaabbiin bifa kan jijjiiru, ykn kan dhaabbataadhaan ykn yeroo dheeraaf hojii qaamaa kamuu ykn immoo miseensa qaamaa ykn qaama irra rakkoo hamaan gaafa gahuudha**.**

**Taajjabdoota Seeraa:** Namoota dhuunfaa, yeroo baay'ee bakka bu'oota dhaabbilee mirga namoomaa siiviilii, kanneen hiriira ummataa, mormii fi sochiiwwan biroo irratti hirmaatan. Kanneen armaan gadii agarsiiftuu taajjabduu seeraa ta'uu danda'u: Waldaan Abbootii Seeraa Biyyaalessaa magariisa uffachuun baase uffachuu ykn kan mataa irratti uffatamuufi/ykn uffata taajjabbii Seeraafi hayyamame uffachuu(uffata mataa irraa NLG magariisa fi/ykn uffata seeraa gurraacha asxaa magariisaa qabu wajjin uffachuu) ykn uffata seeraa taajjabbii seeraa ACLUn kenname ykn hayyamame kan bifa cuquliisaa qabu uffachuu.

**Miidiyaa:** Miidiyaa jechuun nama kamiyyuu hojjetaa, bakka bu'aa, yookiin hojii dhaabbiin ala of danda'ee gaazexaa, barruulee yookiin barruulee barreeffamaa kamuu ,maxxansituu kitaabaa , dhaabbata oduu , tajaajila bifa shuboo fakkaatuun dabarsuu, buufata raadiyoo yookiin televijiinii yookiin neetworkii, buufata keebilii yookiin saatalaayitii yookiin neetworkii, ykn sagalee ykn dhaabbata oomisha sagalee fi suursagalee, yookiin dhaabbata hojii idilee oduu walitti qabuu fi oduu yookiin odeeffannoo karaa kamiinuu ummataaf tamsaasu, maxxansa, tamsaasa, suuraa, makaanikaa, interneetii, yookiin raabsa elektirooniksii dabalatee, garuu kanneeniin kan hin daangeffamne kamiyyuuti. Kaayyoo imaammata kanaatiif, kanneen armaan gadii agarsiiftuu miseensa miidiyaa ta'uu isaaniiti: miseensa pireesii ta'uu isaa ijaan adda baasuu, kan akka dabarsoo pireesii ogeessaa ykn dabarsoo pireesii hayyamame ykn ogeessaa baajii pireesii ykn kan hayyamameef ykn uffata adda ta'e tokko tokko kan uffate miseensa pireesii ta'uu isaa adda baasee ibsa.

**Meeshaa waraanaa:**

**Rasaasa Keemikaalaa Ejentii**: Rasaasa keemikaalaa launcher irraa geessuuf ykn harkaan sochoosuuf qophaa'e.

**Rasaasa Humni Ajjeesuu isaa Xiqqaa ta'e**: Rasaasa Ajjeesaa kan dhukaafamuu, furguggifamuu ykn karaa biraatiin socho'uu danda'u.

**Rasaasa Kallattiin Dhukaafamu:** Rasaasa dhiibbaan humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e lubbuu namaa hin balleessine kan kallattiin bakka murtaa'e tokkotti dhukaafamuuf qophaa'e.

**Rasaasa Al-kallattiin Dhukaafamu**: Rasaasa dhiibbaa humni ajjeesuu isaa xiqqaa ta'e kallattii hin qabne gara lafaatti kan gad-dhiifamu yoo ta'u, kunis kan itti yaadame, tuttuqaa fuula sanaa hordofee nama irratti dhiibbaa uumuuf kan qophaa'e.

**Yaa'ii Seeraan Alaa:** Akkaataa Seera MN kutaa 609.714tti, "Namoonni sadii fi isaa ol yeroo walitti qabaman, tokkoon tokkoon hirmaattotaa yaa'ii seeraan alaatiin yakkamaa ta'a, kunis yakka salphaadha, yoo walgahiin sun:

1. gocha seeraan alaa kamiyyuu humnaan raawwachuuf yaaluun; yookaan

1.kaayyoo kamiyyuu haala nagaa ummataa booressu ykn balaadhaaf saaxiluun raawwachuuf yaadamee; yookaan

2. kaayyoo seeraan alaa malee, garuu hirmaattonni akkasitti haala tartiiba hin qabneen nagaa ummataa jeequu ykn balaadhaaf saaxiluu danda'u."

**III. Imaammata**

**A. Mirgootatti fayyadamuuf haala mijeessuu**

1. Hojjettoonni MPD namoota mirga isaanii seeraan fayyadamuu irratti bobba'an seeraan ala gidduu seenuu hin qaban.

1. MPDn dhimma oogganssa tuuta namootaa ykn to'annoo tuuta namootaa furuuf humna qaamaa fi aangoo xiqqaa barbaachisu fayyadamuun mirga heera mootummaatiin bilisummaa dubbii fi walga'ii ni kabachiisa.

2. Imaammanni MPD oogganssa tuuta uummataa fi to'annoo tuutaa ilaalchisee qabu yeroo walgahii ummataa ykn sochii fooyya'iinsa jalqabaa kan nagaa fi tasgabbii ummataa eeguun lubbuu, qabeenyaa, fi meeshaalee barbaachisoo ta'an eeguuf kallattii fi to'annoo sadarkaa barbaachisaa ta'e hojiirra oolchuudha.

**B. Imaammata hojii irra oolfamu**

Imaammanni kun oogganssa tuutaa, to'annoo tuutaa, faca'iinsa tuutaa, fi deebii poolisiin jeequmsaa fi tasgabbii dhabuuf kennu ilaalchisee:

- Hiriira akka tasaa gaggeeffamu,
- Haalota taateewwan tuutaa akka tasaa uumamanii, fi
- Hiriira karoorfame ykn taatee tuutaa halli heyyama taatee sanaa osoo hin ilaallatin.

**C. Fayyadama Humnaa**

1. Himaammata kana keessatti wanti dandeettii qondaalli filannoo humnaa sirrii ta'etti fayyadamuun ofii isaatii ykn namoota biroo ittisuuf akka P&P 5-300 keessatti ibsametti dhorku hin jiru.

2. Itti fayyadamni meeshaa waraanaa to'annoo tuuta kamiyyuu akkaataa kutaalee Gabaasa Humnaa fi Gamaaggama Humna Suppervaayizaraa P&P 5-301 keessatti ibsamaniifii gamaaggamamuu qaba

.

**D. Itti Gaafatamummaa to'annoo Suppervaayizaraa**

Suppervaayizaroonni itti gaafatamummaa kanneen armaan gadii ni qabaatu:

1. Qondaaltonni furguggisaa ykn meeshaa waraanaa ramadaman leenjii fi mirkaneessa barbaachisaata'e akka barbaachisummaa isaatti akka xumuran mirkaneessuu.
2. Kutaalee imaammata itti fayyadama humnaa hojiirra oolan gamaaggamuu dabalatee seera bobba'iinsa meeshaa waraanaa qondaaltota bakka sanatti argamanitti ibsuu.
3. Itti gaafatamummaa meeshaa waraanaa bahee fi bobbaafame eeguu.
4. Bakka qabatamaa ta'etti bobbii raadiyoo sirrii ta'e beeksisuu mirkaneessuu fi gabaasa itti aanu mirkaneessuu.
5. Qondaaltonni meeshaalee akkasii erga bobbaasanii booda meeshaa waraanaa lubbuu namaa hin balleessine bobbaasuuf sanada barreeffamaa sirrii ta'e akka guutan mirkaneessuu.

**E. Ajajaa Taateewwanii**

Yeroo tokko tokko imaammata kana keessatti gaheen ajajaa taatee nama supparvaayizara bakka sanatti argamu waliin tokko ta'uu danda'a.

**F. Gamaaggama imaammata waggaa**

Imaammanni kun waggaa waggaan gamaaggamamuu qaba.

**Hojimaata/Dambiilee**

**A. Yuunifoormii**

1. Qondaaltonni walgahii uummataaf deebii kennan hundi yeroo hunda, yeroo meeshaa ittisaa uffatan dabalatee, akkaataa P&P 3-100 tiin maqaa ejensii isaanii fi adda baastuu dhuunfaa adda ta'e agarsiisuu qabu.

2. Hogganaan ykn muudamni hoogganaa haalawwan barbaachisoo ta'aniin ulaagaa kana kan hin guunne qondaala bakka sanatti argamu kamiyyuu galmee ni qabaata.

**B. Gocha qondaala**

1. Qondaaltonni gama miseensota tuutaatiin amala seeraan alaa ykn farra hawaasummaa qabaatanis amala ogummaa qabaachuu fi jechaa fi gochaan giddu galeessa ta’uu qabu.
2. Qondaaltota irratti arrabsoo afaaniin raawwatamuun namoota dhuunfaa akkasii irratti hidhamuuf ykn humna fayyadamuuf sababa hin ta’u.
3. Qondaaltonni yaada ibsamaa jiru irratti hundaa’uun tarkaanfii fudhachuu ykn tarkaanfii fudhachuu dhabuu hin qaban.
4. Qondaaltonni mirga miseensonni ummataa gocha poolisii karaa viidiyoo, suuraa, ykn mala birootiin ilaaluu fi galmeessuuf qaban gidduu seenuu hin qaban, yoo kana gochuun sochii poolisii itti fufee jiru gidduu seene malee (P&P 9-202).
5. Qondaalli meeshaa waraanaa ykn meeshaa waraanaa fayyadamuu hin danda’an yoo qondaalli sun itti fayyadama meeshaa waraanaa/qawwee sanaa irratti leenji’ee fi ga’umsa qabaate malee (P&P 5-302).
6. Imaammanni kun qondaalli sochii namootaa fi konkolaataa qajeelchuuf tarkaanfii barbaachisaa ta’e akka hin fudhanne hin dhorku; dambiiwwanii fi seerota hojiirra oolchuu; akkasumas nageenya namoota baay’ee, ummata bal’aa, qaamolee seera kabachiisan, fi hojjettootaa irraa balaa tasaa eeguuf.

**C. Deebii Haala Tuuta Uummataa**

1. Jeequmsa akka tasaa uumamu

Qondaaltonni jeequmsa guddaadhaaf deebii kennan, ykn kanneen jeequmsa uumuu danda’an, supparvaayizara isaanii ni beeksisu. Suppervaayizarri deebii kennu gahee ajajaa taateewwanii fudhachuun gargaarsa dabalataa, meeshaalee fi tooftaalee itti fayyadamuu qaban barbaachisaa ta’uu isaa ni murteessa.

a. Ajajaan taatee ajajaa eegumsaa san laalu ni beeksisa, innis odeeffannoo haala jiruuf MECC ni qunnama. MECCn hoogganaa Poolisii fi hoogganaa biiroo dhimmi ilaalu, odeeffannoo haala jiruu ni qunnama.

b. Gargaarsi dabalataa sadarkaan jalqabaa qondaaltota naannoo fi konkolaattota deebii kennuu murtaa’an ta’a. Ajajaan taateewwanii buufata ajaja dirree bakka waltajjii murtaa’e qabu ni hundeessa. Ajajaan taateewwanii konkolaattotaa fi meeshaalee poolisiif ibsa nageenyaa kennuuf qondaala ni muuda.

c. Ajajaan taatee qabeenya bulchiinsa agarsiisa dabalataa akka kennuuf gareen SWAT akka hojiirra oolu gaafachuu ni danda'a. Yeroo hojiitti hiikamu gareen SWAT ajajaa taatee waliin mari'achuun Letenaantii SWATn bobbaafamee qajeelfama ni kennama.

d. Ajajaan taatee akka waliigalaatti itti gaafatamummaa ni qabaata, haa ta'u malee, Letenaantiin SWAT ergama ajajaan taatee ibse waliin kan walsimu, gocha addaa miseensota SWAT erga hojiirra oolan booda ni qajeelcha.

2. Yaa'ii seera qabeessa

Namoonni dhuunfaa ykn gareewwan karaa ummataa irratti argaman, kan akka dhaabbilee ummataa, daandii ykn daandii deemsaa, akka waliigalaatti raabsa maxxansaa dabalatee bifa qunnamtii adda addaatiin walitti qabamuu, hiriiruu, hiriira bahuu, mormuu ykn karaa biraatiin yaadaa fi ilaalcha isaanii ibsuuf mirga qabu. Mirgoonni kun seerota yookiin dambiiwwan dhimmoota akka nama dhuunfaa yookiin konkolaataan akka hin seenne yookiin ba'uu danquu, seeraan ala seenuu, sagalee, marsuu, waraqaa harkaa raabsuu, barruulee baasuu fi hojii malee dhaabachuu' to'ataniin daangeffamuu ni danda'u.

3. Yaa'ii seeraan alaa

a. Hayyama kan akka hayyama agarsiisaa ykn hayyama sagalee argachuu dhabuun qofti walgahii seeraan alaa labsuuf bu'uura gahaa miti.

b. Hiriirtonni ykn gareewwan qindeessitoota keessaa tokko tokko yeroo duraan ykn hiriira irratti gocha jeequmsaa ykn seeraan alaa irratti bobba'uun isaanii yaa'iin tokko seeraan ala ta'uu labsuuf sababa miti.

c. Yeroo danda'ametti amala seeraan alaa hirmaattoota muraasaa yeroon, bakki ykn akkaataan ibsa itti ibsan mormitoota karaa nagaa hedduu irratti dhiibbaa akka geessisu hin taasisu, hirmaattonni ykn qondaaltonni biroo haala badootiin yoo doorsifaman malee.

d. Haalli ariifachiisaa ykn balaa ta'e marii kan dhorku yoo ta'e malee, gochi seeraan alaa akka dhaabbatu haala sana furuuf mari'achuuf yaaliin karaa quunnamtii poolisii fi hoggantoota hiriira ykn qophii tuuta waliin taasifameen booda hanga taasifamutti tooftaaleen tuuta facaasuun jalqabamuu hin qaban, akkasumas Sochiin Fooyya'iinsa tokkoffaa itti fufuu danda'a.

4. Labsii Walgahii Seeraan Alaa

a. Koomaanderri taatee walgahii seeraan alaa kan labse yoo ta'e sababni labsichaa fimaqaan murteessitootni (murtee kennan) ni galmaa'a.

i. Labsii fi ajajni faca'iinsaa yaa'ichaaf ni beeksifama

ii. Maqaan (maqaan) qondaala labsii beeksisan galmaa'uu qaba, sa'aatii fi guyyaa (guyyaawwan) galmaa'uu qaba.

b. Ajajni faca'iinsaa kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

iii. Maqaa, sadarkaa namaa, fi ejensii ajaja kennu

iv. Labsii Walgahii Seeraan Alaa fi sababa (sababoota) labsii.

v. Yoo xiqqaate karaalee ba'uu lama kan fayyadamuu danda'an.

vi. Bu'aa addaa ajaja faca'iinsaa kabajuu dhabuu.

vii. Gareen hanga yoomiitti ajajamuu akka qabaatu

c. Yeroo danda'ametti ajajni faca'iinsaas afaanota biroo dhaggeeffattootaaf mijatoota'aniin kennamuu qaba. Qondaaltonni miseensonni tuuta hundi afaan (afaanota) ajaja faca'iinsaa keessatti fayyadaman sirriitti beekuu akka hin dandeenye hubachuu qabu

d. Beeksisni faca'iinsaa haala naannoo gahaa irratti dhaga'amuu danda'uun ni kennama.

i. Beeksisni faca'iinsaa bakka adda addaa irraa yeroo hiriirri guddaa fi sagalee guddaa qabutti ni kennama.

ii. Namoonni tamsaasa jalqabaa irratti hin argamne naannoo sana gadhiisuu akka qaban akka hubataniif beeksisni faca'iinsaa erga hojiin faca'iinsaa jalqabamee booda irra deebi'amuu qaba.

5. Faca'iinsa Tuutaa

a. Tooftaan tuuta facaasuun hanga qondaalli irra deddeebiin namoota walitti qabamaniif beeksisa baasanitti, ykn irra deddeebiin beeksisni akka ba'e beekanitti, miseensonni tuuta fedhii isaaniitiin akka bittinnaa'an gaafachuu fimakka isaan bittinaahan beeksisuun, yoo bitinaahuu baatan akka hidhaman itti himuudha.

b. Balaan hatattamaa nageenya hawaasaa irratti yoo jiraate ykn miidhaa qabeenya guddaan yoo mudate malee, tarkaanfiin osoo hin fudhatamiin dura tuuti ajaja qondaalaa akka eegu yeroon gahaan ni hayyamamaaf.

c. Mariin fi beeksisni afaaniin faca'uuf godhamu sochii tuuta fedhii malee kan hin fidne yoo ta'e, qondaalli tooftaalee tuuta facaasuun dabalataa fayyadamuu ni danda'a, garuu ajaja ajajaa taatee irraa kennameen booda qofa, akkasumas humna qaamaa fi aangoo xiqqaa dhimmicha furuuf barbaachisu fayyadamuudhaan.

d. Bu'uura labsii walga'ii seeraan alaatiin tuuti tokko erga bittinnaa'ee booda hirmaattonni bakka teessuma lafaa adda ta'etti kan walitti qabaman yoo ta'e, bakka hirmaattonni sochii fooyya'iinsa tokkoffaa jeequmsa hin qabnee fi seera qabeessa ta'e irratti bobba'an yoo ta'e,

yaa'iin akkasii akka inni seeraan ala ta'e yoo murtaa'e malee faca'uu hin danda'an ,akkasumas labsiin haaraan walga'ii seeraan alaa baheetu facahu.

**D. Hayyama itti fayyadama meeshaa waraanaa to'annoo tuutaa**

1. Armaan gaditti [E] keessatti kan tumame malee, yeroo jeequmsa siviilii ykn yaa'ii (akka imaammata kana keessatti ibsametti), hayyamni meeshaa waraanaa to'annoo tuuta itti fayyadamuuf kennamu Hogganaa Poolisii qofa irraa, yookiin Hogganaan yoo hin argamne, nama Hogganaan sadarkaa Itti Aanaa Hogganaa fi isaa ol ta'e irraa muudame qofa irraa ta'a.

   a) Hayyamni akkanaa raadiyoo poolisiitiin karaa raadiyoo dabarsuu hojjettoota bakka sana jiraniif, yeroo danda'ametti ni kennama.

   b) Ajajaan taatee meeshaa waraanaa to'annoo tuutaaf hayyamni kamiyyuu (kan hogganaa Poolisii irraa dhufuu kan qabu ykn hogganaan hin argamne, nama hogganaan sadarkaa itti aanaa hogganaa fi isaa ol ta'een muudame) nama sana dabalatee gabaasa Poolisii keessatti galmaa'uu isaa ni mirkaneessa, hayyama meeshaa waraanaa namoota baay'ee to'atutti fayyadamuu dabalatee. MPD sanadoota akkasii yeroo waggaa torbaa gadi hin taaneef ni qabata.

   c) Hojjettoonni MPD dhaabbatoon, akkuma [E] armaan gadii keessatti bal'inaan ibsametti, miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhufu irraa of eeguun hatattamaan yoo barbaachise malee, hanga imaammata kanaan eyyamamanitti jeequmsa siviilii ykn walgahii keessatti meeshaa waraanaa to'annoo tuutaa fayyadamuu hin qaban .

2. Meeshaan waraanaa to'annoo tuuta karaa nagaa walga'ii ykn yaa'ii (Kan akka mormii fi hiriira nagaa) f hayyamamuu hin qabu.

3.Haalota jeequmsa siiviilii ykn walgahii hin hirmaanne keessatti, itti fayyadamni meeshaalee waraanaa imaammata kana keessatti tarreeffaman akkaataa kutaalee biroo P&P 5-300 keessatti meeshaalee waraanaa sanaaf adda ta'aniin ta'uu qaba.

**E. Haala qabatamaa dhihootiin miidhaa qaamaa Ofii ykn Nama biraa irra gahu**

1. Miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhufu irraa of eeguun hatattamaan kan barbaachisu yoo ta'ee fi meeshaan waraanaa to'annoo tuuta [D] armaan ol jalatti hin hayyamamne yoo ta'eef:

   a. Meeshaan waraanaa to'annoo tuuta, meeshaa keemikaalaa, meeshaa aarri itti bahu fi meeshaalee sagalee salphaa nama jeequ osoo hin dabalatin, gocha haleellaa ykn gocha jeequmsaa dhaabuuf hayyama duraa malee fayyadamuun ni danda'ama.

   b. Haalota kanneen keessatti meeshaaleen waraanaa to'annoo tuuta namoota murtaa'oo balaa qaama nama biraa irratti miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhihoo ta'e geessisan qofa irratti fayyadamuun ni danda'ama.

c. Haalota kanneen keessatti meeshaan keemikaalaa, meeshaan aarri itti bahuu fi meeshaaleen sagalee salphaa yaada namaa jeeqan fayyadamamuu dhiisuu dandahu.

2. Qondaalli kakate haala akkanaa keessatti meeshaa to'annoo tuuta fayyadamu itti fayyadama meeshaa to'annoo tuuta namootaa supparvaayizara isaanii beeksisuu qabu haga fayyadamni isaa rakkoo hin qabaannetti.

3 Beeksisuuf haga rakkoon hin jiraannetti, suppervaayizarri Ajajaa taatee ykn Ajajaa taajjabbii beeksisuu dandaha

4. Qondaalli kakaa kamiyyuu kutaa kana jalatti meeshaa to'annoo tuutaa fayyadamu (hayyama duraa malee yaa'ii tokko keessatti namoota murtaa'an irratti yoo ta'e) aalota addaa ni galmeessa, haalota addaa gadifageenya dhimmichaas ni ibsa, gabaasa poolisii keessatti akka hatattamaan ofii isaaniifi namoota biroo miidhaa qaamaa dhihootti karoorfame irraa eegaman yoo barbaachise ni gabaasa. MPDn sanadoota akkasii yeroo waggaa torbaa gadi hin taaneef ni qabata.

**5.** Ajajaan Taatee ykn Ajajaan Ijaan To'atu kan beeksifame, dabareen yeroo hojiisaatii utuu hin dhumin dura akka qondaalli tohannoo meeshaalee eyyama jalqabaa malee waraanaa tuutaa fayyadame iimeeliidhaan ibsa kennuu qaba, kanneen akka lakkoofsa dhimmichaa fi meeshaa fayyadamuuf haalota meeshaa fayyadamuun barbachisan ibsuudhaan hoogganaa olaanaa poolisii, gargaaraa hoogganaa fi itti aanaa hooggantootaa ,akkasumas koomaandera dhimmoota keessaatti ni beeksisa , dhimmicha sirriitti ilaaluuf tohachuudhaaf jechuudha.

**F. Tooftaa To'annoo Tuutaa fi Tuuta Facaasuu**

Meeshaaleen waraanaa to'annoo tuuta namootaa hayyamamuu fi itti fayyadamuu kan danda'an yeroo jeequmsa siiviilii fi walgahii qofa akkaataa P&P 5-300 fi haal-duree imaammata kana keessatti kaa'amaniin, ulaagaalee hayyamaa kutaa [D] keessatti argaman dabalatee.

1. Fayyadamni saree dhorkaadha

   To'annoo tuutaaf, tuuta to'achuuf, ykn tuuta facaasuuf sarootatti fayyadamuun hin dandahamu

2. Tuubboolee ibiddaa fayyadamuun dhorkaadha

   To'annoo tuutaaf, tuuta ittisuuf, ykn tuuta facaasuuf tuubboolee ibiddaatti fayyadamuun dhorkaadha

3. FSDD fayyadamuun dhorkaadha

   FSDDs (balaqqee sagalee guddaa) jedhamuun Kan beekamu) to'annoo tuutaaf, tuuta ittisuuf, ykn tuuta facaasuuf fayyadamuun dhorkaadha

4. Meeshaan waraanaa to'annoo elektirooniksii (ECW) dhorkaadha

To'annoo tuutaaf, tuuta ittisuuf, ykn tuuta facaasuuf meeshaan waraanaa to'annoo elektirooniksii (ECW) dhorkaadha. Tumaan Kun miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhihoo ta'e ilaalchisee haala [E] jalatti itti fayyadama ECW hin daangessu.

5. Konkolaattota

a. Doqdoqqee fi konkolaattota poolisii tuuta facaasuudhaaf hojiirra hin oolan.

b. Konkolaattonni yeroo taatee tuuta daawwachuuf, fageenya dhihoo irratti, to'annoo tiraafikaa, geejjibaa fi naannoo to'achuuf itti fayyadamuuf fayyadamamuu danda'u.

6. Biskileettota

a. Namoota to'achuu fi sochoosuuf akka dandahamutti biskileettotatti fayyadamun tarii ni danda'ama. Biskileettoti tarii eegduu tuutaaf koomaandera taateetiin hayyamamuu danda'u

b. Biskileetii oofuu fi itti fayyadama biroo biskileetii akka meeshaa waraanaatti fayyadamuun imaammataa fi hojimaata itti fayyadama meeshaa waraanaa dhiibbaa uumuu hordofa

7. Fardeen

a. Yeroo Aajaa Taateetiin hayyamame, fardeen tarii akkaataa barbaachisummaa isaaniitti hiriira jeequmsa hin qabne keessatti gareewwan qabuuf, to'achuu fi qajeelchuuf itti fayyadamuu ni dandaa'ama.

b. Fardeen hiriirtota haala salphaan morman kanneen akka namoota taa'anii ykn ciisan dabalatu irratti fayyadamamuun hin barbaachisu.

c. Haalli ariifachiisaan yoo jiraate malee, fardeen yeroo keemikaalonni hojiirra oolan ykn itti fayyadamni isaanii eegamu, ykn haala cabbaa'aa ykn qorra ykn wanti akka miila dhabuun walfakkaatan bineensicha, nama yaabbatu ykn namoota biroo balaadhaaf saaxilan jiraatan malee hojiirra hin oolan.

8. Meeshaalee waraanaafi Laawuncheroota 40mm

a. Laawuncheroota 40mm

Akkaataa kutaa waa'ee Laawuncheroota 40mm P&P 5-302 keessatti, yeroo jeequmsa siiviilii ykn walgahii:

i. Laawuncheroota 40mm qabachuu

Qondaaltota dandeettii SWAT mirkanaa'een hojjetan qofatu laawuncheroota 40 mm qabachuu dandaha yoo qondaala polisiitiin hin mirkanoofne, yookiin yeroo qondaalli hin jirretti, qondaala sadarkaa itti aanaa yookiin isaa olii, qondaala biroo leenji'aniif laawuncheroota 40mm qabachuun ni heyyamama.

ii. Qindoomina itti fayyadama laawuncheroota 40mm

Akkaataa kutaa [D] tiin itti fayyadamni laawuncheroota 40mm erga hayyamamee booda, supparvaayizarri SWAT bakka sanatti argamee, supparvaayizarii itti fayyadama lalwuncheroota 40mm hunda bakka sanatti ni qindeessa, qondaalota kamiyyuu kanneen supparvaayizarri SWAT dhufuu isaa dura akka qabatan hayyamame dabalatee jechuudha. Tuma kana keessatti wanti miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhihoo ta'e ilaalchisee itti fayyadama laawuncheroota 40mm kutaa [E]n hayyamame daangessu hin jiru.

b. Rasaasa dhiibbaa humni ajjeesuu isaanii xiqqaa ta'e

i. Rasaasa dhiibbaa humni ajjeesuu isaanii xiqqaa ta'e fayyadamuu

aa. Rasaasa dhiibbaa humni ajjeesuu isaanii xiqqaa ta'e kan dhukaafame gonkumaa loogii malee tuuta ykn garee namootaa irratti fayyadamuun hin dandaahamu

ab. Rasaasni dhiibbaa du'a xiqqaa qabu nama dhuunfaa murtaa'e kan gocha miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhihoo ta'e battalumatti balaa geessisu irratti bobba'e qofa irratti kan itti fayyadamu ta'a (akka kutaa [E] tiin haguugameetti).

ac. Haalli yeroo hayyamutti koomanderri taateewwanii akka armaan olitti ibsametti meeshaa dhiibbaa lubbuu namaa hin balleessine osoo hin fayyadamin galma poolisii galmaan ga'uuf yaaliin ni taasisa, yoo qabatamaa ta'e immoo meeshaa waraanaa fayyadamuu dura akeekkachiisni dhaga'amuun nama dhimmicha ilaallatutti ni kennama.

ii. Naannoowwan rukutuuf itti xiyyeffamuu hin qabne

Akkaataa P&P 5-302tti, qondaaltonni humni du'aa yoo sirrii ta'e malee, itti yaadamnii meeshaa waraanaa dhiibbaa du'a xiqqaa qabu mataa, morma, qoonqoo, fuula, bobaa jala, lafee dugdaa, kalee, ykn naannoo qaama saalaa nama tokkoo irratti itti yaadamuun dhahamuu hin qabu

E. Meeshaalee waraanaa Keemikaalaa

i. Bahumsa gahaa

Tuutni nagaadhaan akka faca'u taasisuuf bahumsi gahaan yoo jiraate malee meeshaalee keemikaalaa fayyadamuun hin danda'amu

ii. Qoqqobbii meeshaalee waraanaa CN

Meeshaaleen waraanaa keemikaalaa CN dhorkamoodha

iii. Beeksisootaafi hubachiisawwan naannoo

aa. Yoo dandahamaa taheeef, haala namootaa baay'ee keessatti meeshaa keemikaalaa fayyadamuun dura beeksisni dabalataa itti fayyadama meeshaa keemikaalaa dhiyoo ta'uu akeekkachiisu taasifamuu qaba

ab. Bakka itti fayyadamni meeshaa keemikaalaa bal'inaan jiraattota ykn dhaabbilee daldalaa dhiyoo jiran irratti dhiibbaa akka geessisu sababa qabeessa ta'een tilmaamamutti, MPDn taatee booda yoo ta'ellee, namoota dhiibbaan irra gahe odeeffannoo nageenyaa itti fayyadama meeshaa waraanaatiin walqabatee jiru haga dandahametti beeksisuu qaba , yoo tahee booda tahe illee.

iii. Argama tajajila yaalii atattammaa

Yeroo meeshaawwan lolaa keemikalaa itti fayyadamaman tajaajilli yaalii atattamaa yeroo dandahametti naannoo bakka xiyyeeffannoo fageenya nageenyaa qabutti qophaahanii ni jiraatu.

iv. Itti fayyadama meeshaa keemikaalaa galmeessuu

P&P 5-301 keessatti ulaagaalee sanada fayyadama humnaa fi hammachuu hir'isuutii dabalatee, itti fayyadama meeshaalee keemikaalaa hundaaf odeeffannoon armaan gadii galmaa'uu qabu:

aa. Maqaa tokkoo tokkoo meeshaalee keemikaalaa taatee tokko keessatti fayyadamanii

ab. Bakkaa fi yeroo itti fayyadama tokkoo tokkoo meeshaa waraanaa (hanga danda'ametti akkaataa sirriidhaan).

v. Waraqaa ragaa nageenyaa

Waraqaan ragaa nageenyaa (SDS) ni qusatama, olkaawwamus meeshaawwan waraanaa keemikaalaa hundaaf MPDn fayyadamamanif.

9. Meeshaalee waraanaa dhiibbaa geessisan

a. Agarsiisa ulee ykn ulee jeequmsaa

Uleewwanii fi uleewwan jeequmsaa yeroo ijaarsi garee ykn tokkummaan mul'ataan agarsiifamuu fi bakka qophaa'etti qabamuu danda'u

b. Sochii tuuta namootaa

Meeshaaleen waraanaa dhiibbaa geessisan (Kan akka ulee, ulee jeequmsaa fi gaachana of eggannoo) yeroo koomaandera taateetiin hayyamame akka meeshaa eegduu tuutaatti fayyadamuun ni danda'ma.

c. Meeshaa waraanaa dhiibbaa uuman fayyadamuu

i. Haala to'annoo tuutaa keessatti rukuttaan meeshaa waraanaa dhiibbaa uuman loogiin ala tuuta ykn garee uummataa irratti hin fayyadamamu, garuu namoota dhuunfaa kan qaamaan hamoo taahan ykn siyaahinaan qabamuu didan irratti qofa fayyadamuun dandaahama.

ii. Haala to'annoo tuutaa keessatti rukuttaan meeshaa waraanaa dhiibbaa uumu nama dhuunfaa ajajamuuf yaalu garuu sababa ibsa dhiibbaa tuutaa ykn gufuu dhaabbataa birootiin qaamaan faca'uu ykn socho'uu hin dandeenye irratti fayyadamuun hin dandahamu

d. Nannoowwan rukutuuf irratti xiyeeffachuu hin qabaanne

Qondaaltonni ulee kamiinuu mataa, morma, qoonqoo, kalee, lafee dugdaa ykn naannoo qaama saala isaa irra rukutuu hin qaban, ykn humnaan bobaa jala rukutuu hin qaban, yoo namni sun dhihootti nama biraa irratti miidhaa qaamaa guddaa geessisu uume malee.

e. Nama harka hidhamee jiru irratti fayyadamuu

Meeshaan waraanaa dhiibbaa geessisu nama harka hidhamee jiru irratti yeroo P&P 5-300 fi seera mootummaatiin hayyamame malee fayyadamuuf hin danda'amu.

10. Keemikaalota biifamoo harkaan qabaman

a. Fayyadama keemikaalota harkaan qabamanii biifaman

i. Keemikaalonni biiffaa harkaan qabaman namoota adda ta'an kanneen gocha miidhaa qaamaa kaayyoodhaan dhihoo ta'e battalumatti balaa geessisu irratti bobba'an qofa irratti fayyadamuu qabu. Keemikaalonni biiffaa, harkaan qabamuu, dhiibbaa, keemikaalota konteenara keessa jiran kanneen gadi lakkisan bulchiinsa tuutaa, to'annoo tuuta, ykn faca'iinsa tuutaaf loogii malee itti fayyadamuu hin qaban.

ii. Qondaaltonni hamma xiqqaa keemikaala barbaachisu fayyadamuu dandahu diddaa nama sanaa irra aanuuf.

b. Wal'aansa saaxilamummaa namaa

i. Yeroo danda'ametti namoonni naannoo keemikaalli harkaan qabamu itti fayyadamame kamirraayyuu dafanii baafamuu qabu. Qondaaltonni nama qoratamu ni hordofu , xiyyeeffannoo addaas ni godhu dandeettii hargansuu nama sanaatiif fayyadamumaa keemikaalaa san hordofuudhaan

ii. Namni keemikaala harkaan biifame tokko erga harka hidhamee ykn meeshaa kamiinuu ukkaamfamee garaa isaa irratti ciisee hafuu hin qabu.

**G. Hidhaa**

1. Tuuta namootaa marsuu

Tuutni beeksisa barbaachisu boodaa fi yeroo gahaa bittinnaa'uuf yoo dadhabe, qondaaltonni tuuta sana ykn kutaa tuuta sanaa marsanii battalumatti heddumminaan hidhuu ni danda'u.

2. Namoota hidhamuu barbaadan

a. Namoonni hidhamuu akka barbaadan ifa godhan (fkn, siviilii ajajamuu diduu hokkora hin qabneen) hidhamuu kan danda'an yoo ta'e, tooftaalee faca'iinsa biroo kan akka meeshaa waraanaa dhiibbaa ykn keemikaalaa isaan irratti fayyadamuun hin dandahamu.

b. Namoota hojimaata hidhaa kabajuu didan irratti tarii humna sababa qabu fayyadamuun ni danda'ama

3. Namoota jeequmsa hin qabne hidhuu

Namoota jeequmsa hin qabne hidhuun ajaja afaanii fi amansiisuu, harka hidhuu, ol kaasuu,qabuu, gaarii fi/ykn diriirsa fayyadamuu, fi/ykn harka to'annoo harka duwwaa lallaafaa fayyadamuudhaan raawwatama.

4. Hidhamaa miidhame

   a. Qondaaltonni miidhaalee hidhamaan gabaase kamiyyuu, akkaataa P&P 5-301 tiin galmeessuu dandahu.

   b. Haga qabatamaa tahetti, qondaaltonni nama hidhameef yaala fayyaa ogummaa akka argatan gochuu dandahu, akkaataa P&P 5-301 fi P&P 7-350 tti.

5. Hidhaa dargaggootaa

Dargaggoonni hiriira irratti hidhaman imaammata MPD kan dargaggoota hidhuu, geejjibaa fi tursiisuu wajjin walsimuun qabamuu qabu (P&P 8-300).

6. Hidhamtoota qaama miidhamtootaa fi Dandeettiin dubbii Afaan Ingiliffaa isaanii muraasa tahe

   a. Qondaaltonni nama qaama miidhamaa sochii ykn qunnamtii irratti dhiibbaa geessisu to'annoo jala oolan imaammata MPD qaama miidhamtoota hidhuu, geejjibaa fi tursiisuu hordofuu dandahu (P&P 7-1002 fi P&P 7-1003).

   b. Qondaltotni namoota Dandeettii Ingiliffaa Daangeffame qabaniif tajaajila kennuudhaaf P&P 7-1001 hordofuu dandahu.

7. Hidhamtoota harka hidhuu

   a. Imaammata harka hidhuu

   Namoonni yeroo hiriira ykn taatee tuuta namootaa hidhamuu danda'an hundi akkaataa imaammata MPD, ajajaa, fi leenjii waraqaa beeksisaa (P&P 5-301, P&P 5-302 fi P&P 9-109 dabalatee) harka hidhamuu qabu.

   b. Meeshaa harka walitti hidhuuf tahu

      i. Qondaaltonni hidhaa harkaa walitti deebisanii hidhan akka nama dhiphisu beekuu qabu; yeroo harki namoota hidhamanii dhiitahan ykn socho'an, yeroo tokko tokkos salphaamatti dhukkubbii hidhaa harkaa ofii isaanii irraa dhufuuf deebii kennuu qofaaf tahuu danda'a.

      ii. Namni hidhame tokko haala humnaan oliin harki isaa hidhamuun yoo komii dhiheeffatu, qondaaltonni hidhaa qoratanii sirnaan akka walsimu mirkaneessuu qabu.

iii. Namoonni harki isaanii walitti hidhame akka hin miidhamneef hordoffiin ni taasifamaaf.

iv. Tokkoon tokkoon qabiyyee namoota hidhamanii harki isaanii kan hidhame qaban tursiisuu ykn geejjibsiisuu irratti hirmaatuf hidhaa harkaa kan kutuu fi dhiyeessii gahaan hidhaa harkaa dabalataa salphaatti argamuu qaba.

**H. Miidiyaa**

Miidiyaaleen mirga suursagalee ykn fiilmii waraabuu, kallattiin tamsaasuun, suuraa kaasuu, ykn meeshaalee biroo fayyadamuu dabalatee sochii ummataa uwwisuuf mirga Fooyya'iinsa Jalqabaa qabu.

1. Miidiyaaleen naannoo adda baafame keessatti kan daangeffaman ta'uu hin qaban, akkasumas taatee tuuta namootaa fi hidhamuu kamiyyuu ilaaluun ni hayyamamaaf, akkasumas dhiyeenya gahaa ta'een akka seenan ni hayyamamaaf. Suppervaayizarri bakka sanatti argamu ykn ajajaan taatee naannoo miidiyaaleen itti walitti qabamuuf filachuu barbaadan murteessuu danda'a.

2. Yoo isaan tuuta facaasuudhaaf qaamaan tattaffii seera cabsu godhan malee, yookiin tattaaffii hirmaattota hidhuu ykn yakka keessatti yoo qooda fudhatan malee, Qondaalonni miseensota miidiyaa hidhuu hin dandahan,

3. Miidiyaaleen sababaa sadarkaa miidiyaa isaaniitiif tuuta facaasuuf yookiin hojii raawachiisudhaaf xiyyeeffannoo keessa hin galan.

4. Ajajni faca'iinsaa erga kennamee boodas miidiyaaleen ifatti adda baafaman argamuun isaanii tarkaanfii raawwachiisummaa irratti haala hin malleen gufachiisuu yoo ta'e malee hojii ogummaa isaanii akka raawwataniif ni hayyamamaaf.

**I. Taajjabdoota seeraa**

1. Taajjabdoonni seeraa, taajjabdoota seeraa ofiin of beeksisan kan kanneen biroo waliin hidhata hin qabnee fi hordoftoota tuuta dabalatee, sadarkaa seeraa miidiyaa wajjin wal fakkaatu kan hin qabne yoo ta'u, seeraa fi ajaja nama biraa ykn lammii kamiyyuu wajjin wal fakkaatu jalatti kan bulani dha..

2. Taajjabdoonni seeraa fi hordoftoonni ajaja faca'iinsaa hunda eeguu qabu, yoo supparvaayizarri bakka sanatti argamu ykn ajajaa taatee ajaja faca'iinsaa booda taajjabdoonni seeraa fi hordoftoonni seeraa akkasii naannoo tokkotti akka hafan hayyamuu filateen ala.

3. Taajjabdoonni seeraa fi hordoftoonni tuuta sababa sadarkaa isaanii irraa kan ka'e tarkaanfii faca'iinsaa ykn raawwachiisummaa irratti xiyyeeffatamuu hin qaban.

**J. Galmeessa Yaa'ii Ummataa fi Hojii Fooyya'iinsa Jalqabaa**

1. Yaa'ii ummataa ykn hojiin fooyya'iinsa jalqabaa haalawwan armaan gadiitiin alatti, mul'ataan galmaa'uu hin danda'an.

a. Galmeessa taheewwanii sababaa gaaffiitiif
b. Galmee ijaan mullatu olkaahuu sababaa komii lammiilee ykn qormaata seeraa deebisuuf (akkaataa P&P 4-223 fi P&P 4-218 tiin hojiitti hiikuu BWC ykn MVR barbaachisu dabalatee), ykn

c. Galmee ijaan mul'ataa leenjiidhaaf oolu uumuu.

d. Seera MN kwt 626.19 jalatti hayyamamee yoo mirkanaahe. 4 itti fayyadama UAV ilaalchisee

2. Sanadni viidiyoo yookiin suuraa hayyamame kamiyyuu namoota hojii Fooyya'iinsa Jalqabaa irratti akkaataa seeraan hirmaatan waliin haala xiqqaa taheen gidduu seenuun raawwatamuu qaba.

3. Hojiiwwan Fooyya'iinsa Jalqabaa viidiyoodhaan waraabuu fi suuraa kaasuun kan raawwatamu yeroo supparvaayizara bakka sanatti argamu ykn koomaandera taateetiin hayyamame qofa ta'a.

4. Namoonni dhuunfaa hoggantoota, qindeessitoota ykn dubbattoota ta'anii waan mul'ataniif qofa suuraa ka'uuf ykn waraabuuf adda baafamuu hin qaban.

5. Yoo ragaan yakkaa dhihaate malee, suursagalee yookiin suuraan hiriiraa qaama mootummaa kamiif hin dhihaatu, federaala, naannoofi dhaabbata seera naannoo hojiirra oolchu dabalatee. Suursagaleen yookiin suuraan yoo facahe ykn qoodame dhaabbata seera hojiirra oolchu waliin, galmeen uumamuu fi kaahamuu qaba guyyaafi nama odeeffannoo fudhate eeruun.

6. Yakki himannaa hiriiraa irraa maddu yoo hin jiraanne yookiin viidiyoo waraabuun yookiin suuraa kaasuun Dhimma Keessoo ykn qorannoo komii lammiitiin ykn adeemsa falmii siviilii hiriira irratti raawwatamuuf poolisiidhaan yoo kahe, waraabbii viidiyoo fi suuraa akkaataa imaammata MPD, Qajeelfama tursiisa Magaalaa fi seera Naannootiin ni barbadaa'a.

7. Imaammanni kun hojjettoonni viidiyoo kana ykn suuraa viidiyoo akkasii irraa akka qaama meeshaalee leenjii qondaaltota tooftaa fi hojimaata to'annoo tuuta namootaa fi faca'iinsa tuuta irratti akka hin fayyadamne hindhorku..

## K. Leenjii

1. Leenjii jalqabaa fi itti fufiinsa qabu

   a. Qondaaltonni hundi waggaa waggaan deebii sirrii to'annoo tuuta uummataa fi bulchiinsa tuuta irratti kennamu irratti leenjii argachuu qabu

   b. Qondaaltotni kutaalee addaa haala to'annoo tuuta namaatiif deebii kennan keessatti ramadaman leenjii waggaa waggaan xumuramu kutaa hojiitti kennamu malees, deebii sirrii to'annoo tuuta namootaa fi oogganssa tuutaa tuuta irratti kennamu irratti leenjii dabalataa argachuu qabu.

2. Leenjii qindoominaa

   Dhaabbilee hojii ooggansa tuuta namootaa irratti hirmaatan hunda waliinis leenjiin waloo kennamuu qaba

3. Laawunchera 40mm humna ajjeesuu xiqqaa qaqqabsiisuufi leenjii meeshaa waraanaa

   a. MPDn qondaaltota meeshaa waraanaa ykn rasaasaf ramadaman akka barbaachisummaa isaatti leenjii fi mirkaneessa barbaachisaa ta'e akka xumuran ni taasisa, yoo danda'ame taatee dura

   b. Leenjichi gamaaggama kutaalee imaammata itti fayyadama humnaa hojiirra jiran dabalatee seera bobba'iinsa meeshaa waraanaa ni ibsa.